Rabbiin gabricha isaatti irra dhihoo kan ta'u dhuma halkan wolakkaati

Abuu umaamaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: amri ibnu abasaan nabiyyiidhaa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuu akka dhaga'ee jiru naaf odeesse: «Rabbiin gabricha isaatti irra dhihoo kan ta'u dhuma halkan wolakkaati yeroo sanatti worra Rabbiin zakkaran irraa ta'uu yoo dandeesse ta'i».

[sirrii] [abuu daawud, tirmizii, nasa'iin odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin gabrichatti irra dhihoo kan ta'u halkan gara dhumaa akka ta'e himani; -yaa nama mu'uminaa- yoo woffaqamtee dandeesse yeroo kana keessatti worra Rabiin gabbaranu kan salaatanu, zakkaranu, gara isaa deebi'anu irra akka taatuuf inni dhimma isa booji'achuu fi isa keessatti tattaffachuun haalaan barbaachisuudha.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/3236